
Deenmaark

euaa
EUROPEAN UNION AGENCY FOR ASYLUM

# WAA'EE DABBIIN BULCHIINSA KOOLUUGALTUMMAA FI GODAANSAA WANTA BEEKUU QABDAN?

Gosa A

## IYYATOOTA EEGUMSA IDIL-ADDUNYAA




OROMO

# QABIYYEEWWAN

Barruu kana maaliif fudhattu? 3

Eegumsi Idil-addunyaa maali eenyutu argata? 3

Dambiin bulchiinsa kooluugaltummaa fi godaansaa maali? 4

Biyyi EU+ kam iyyata keessan akka qoratu murtii osoo eegdanii mirgoota qabdan 5

Biyyi EU+ kam iyyata keessan akka qoratu murtii osoo eegdanii eessa turuu qabdu? 7

Adeemsa kana irratti maaltu isin irraa eegama? 7

Sanadoota kam agarsiisuu qabdu? 8

Ashaaraa qubaa fi suura kennuuf maaliif dirqamtu? 9

Dirqamoota keessan yoo hin kabajne maaltu dhufa? 10

To'atamuu jechuun maali? 11

Aangawoonni biyyi EU+ kam iyyata keessan akka qoratu akkamitti murteessu? 12

Biyyi EU+ kam iyyata keessan akka qoratu hubachuuf gargaaruuf af-gaaffii gaafatamuu dandeessu 15

Af-gaaffiin yeroo hunda ni gaggeeffamaa? 17

Biyya EU+ kan biraa keessatti maatii qabaachuu keessan mirkaneessuuf ragaa akkamii dhiyeessuu dandeessu? 18

Adeemsichi yeroo hangamii fudhata? 19

Yoo duraan dursitanii biyya EU+ kan biraa keessatti eegumsa idil-addunyaa argachuuf iyyattaniittu ta'ee hoo? 20

Murtoon erga murtaa'ee booda maaltu ta’a? 21

Waa'ee adeemsa kooluugaltummaa wanta beekuu qabdan (bakka dhiibbaa rarra'uu fi ol iyyannoo qabatamaa walitti dhufu) 22

Daataa dhuunfaa akkamiitu walitti qabama? 24

Daataa dhuunfaa keessaniin walqabatee mirgoonni keessan maali? 24

## BARRUU KANA MAALIIF FUDHATTU?

Biyyoota EU+ 31 keessaa tokko keessatti eegumsa idil-addunyaa (koolugaltummaa jedhamuunis beekama) gaafatteettaniittu. Kana jechuun amma iyyataa eegumsa idil-addunyaadha jechuudha. Biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabaachuun danda’a. Amma murtoo sana eegaa jirtu.

Kun biyyi kam iyyata keessan akka qoratu dhiibbaa uumuu waan danda’uuf biyyoonni EU+ akkamitti akka tumsan hubachuun barbaachisaadha.

Odeeffannoo barbaachisaa ta’e hunda barruu kana keessatti ni argattu.

## EEGUMSI IDIL-ADDUNYAA MAALI EENYUTU ARGATA?



Ari’atamuu waan sodaattaniif ykn balaa cimaa waan isin mudatuuf gara biyya keessaniitti deebi’uu yoo dadhabdan eegumsa idil-addunyaa isin barbaachisuu danda’a. Kana jechuun fakkeenyaaf lubbuun keessan ykn bilisummaan keessan balaadhaaf saaxilamuu danda'a yoo ta'e, aangawoonni biyya keessanii balaa isin mudatu irraa isin hin eegan jechuudha.

Waa’ee eegumsa idil-addunyaa odeeffannoo dabalataa barruu adda biraa keessatti ni argattu.

**Amma Deenmaark kan biyya  EU+ taate keessa jirtu.**
**Biyyoonni EU+ kan ta’an:**

Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa (EU) 27: Awustiriyaa, Beeljiyeem, Bulgaariyaa, Kirooshiyaa, Qoophiroos, Cheek, Deenmaark, Istooniyaa, Fiinlaand, Faransaay, Jarmanii, Giriik, Hangaarii, Xaaliyaan, Laativiyaa, Luutaaniyaa, Luugeembarg, Maaltaa, Neezerlaand, Poolaand, Poorchugaal, Rippaabilika Aayerlaandii, Roomaaniyaa, Isloovaakiyaa, Isloovaaniyaa, Ispeen, Siwiidin fi

biyyoota biroo 4: Ayislaand, Lechtenistiyaan, Noorweey, Siwiizerlaand


# DAMBIIN BULCHIINSA KOOLUUGALTUMMAA FI GODAANSAA MAALI?




Biyyoonni EU+ seera waliigalaa Dambii Bulchiinsa Koolugaltummaa fi Godaansaa (AMMR) jedhamu irratti waliigalaniiru. Seerri kun biyyi kam iyyata eegumsa idil-addunyaa qorachuuf itti gaafatamummaa akka qabdu murteessuuf gargaara. Seerri kun biyyoonni EU+ yeroo tokkotti iyyannoo baay’ee yoo isaan qaqqabe akka wal gargaaran ni eeyyama.

Biyyoota EU+ keessaa tokko iyyata keessan akka qoratu wabii qabdu garuu biyyi EU+ kam akka itti gaafatamummaa fudhatu filachuu hin dandeessan. Biyyi iyyata keessan qorattu seerota dambii AMMR tiin murtaa'a.

Barruu kana keessatti wanti isiniif hin galle yoo jiraate, qondaala immigireeshinii gaafachuu dandeessu.



Yeroo kanatti biyyoonni EU+ iyyata keessan qorachuuf eenyu itti gaafatamummaa akka qabu murteessaa jiru.

Biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa akka qabu yoo murtaa’e, gara biyya sanaatti ni jijjiiramtu.

## BIYYI EU+ KAM IYYATA KEESSAN AKKA QORATU MURTII OSOO EEGDANII MIRGOOTA QABDAN



Yeroo jalqabaaf eegumsa idil-addunyaa yoo iyyattan,**gorsa seeraa** bilisaa argachuuf mirga qabdu. Kana yeroo barbaaddanitti aangawoota irraa gaafachuu dandeessu.

Gorsaan seeraa mirga keessan isin isinitti himuun adeemsicha irratti isin deeggaru. Yoo gorsaa seeraa qacaruuf kaffaltii kaffaltee jirta ta'e, angawoonni gorsa seeraa bilisaa isiniif kennuu dhiisuu danda'u. Gorsi seeraa haala garee keessatti kennamuu danda'a garuu gorsaan odeeffannoo dhuunfaa keessan namoota biroof hin qoodan.


Gorsaa seeraa gaafachuu kan dandeessan aangawoota qunnamuudhaan Dhaabbata dhuunfaa gargaarsa namoomaa mirga koolu galtootaa fi baqattoota Deenmaark keessa jiraniif hojjetu DRC Danish Refugee Council jedhamuuf odeeffannoo quunnamtii aangawoota gaafachuu.

Akkasumas ofuma keessanii Mana Maree gargaarsa Baqattoota Deenmaark DRC bilbila 3373 5020 ykn advice@drc.ngo qunnamuu dandeessu. Manni Maree gargaarsa Baqattootaa Deenmaark DRC yeroo baayyee Centre Sandholm keessattis ni argama.

Manni Maree gargaarsa Baqattoota Deenmaark DRC adeemsa koolugaltummaa hunda keessatti gorsa seeraa bilisaa fi loogii hin qabne koolu galtootaaf kenna. Adeemsaa fi mirga keesan ilaalchisee gaaffii yoo qabaattan Mana Maree gargaarsa Baqattoota Deenmaark DRC qunnamuu dandeessu. Akkasumas waa'ee gorsa Mana Maree gargaarsa Baqattootaa Deenmaark DRC marsariitii: https://asyl.drc.ngo/ irratti dubbisuu dandeessu.



Yoo waa'ee haala keessanii dubbachuuf salphaa isiniif taasisa ta'e nama afaan hiiku dhiiraa ykn dubaraa fi qondaala dhimmaa gaafachuu dandeessu. Aangawoonni bakka danda'ametti fedhii keessan ni kabaju.



Akkasumas, biyyi EU+ kam iyyata keessan akka qoratu murteessuuf adeemsa irratti fooyya'iinsa gaafachuuf mirga qabdu. Yoo fooyya'iinsa gaafachuu barbaaddan, aanga'oota qunnamuu dandeessu kunis karaa Tajaajila Immigireeshinii Deenmaark www.nyidanmark.dk/da/Kontakt-os/ irratti qunnamaa.



Tarkaanfii kamiyyuu adeemsa kooluugaltummaa keessatti Ejensii Baqattootaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UNHCR) qunnamuuf mirga qabdu.

UNHCR dantaa fi mirga koolu galtootaa fi baqattootaa ni eega.

Odeeffannoo quunnamtii UNHCR fi odeeffannoo adeemsa kooluugaltummaa fuula marsariitii UNHCR: https://help.unhcr.org/ irraa argachuu dandeessu.

**Odeeffannoo dabalataa waa'ee deeggarsaafi tajaajila argattan barruu adda biraa keessatti argachuu dandeessu.**

## BIYYI EU+ KAM IYYATA KEESSAN AKKA QORATU MURTII OSOO EEGDANII EESSA TURUU QABDU?



- Yeroodhaaf biyya kana keessa turuun dirqama.
- Gara biyya EU+ kan biraa deemuun kan isiniif eeyyamamu yoo aangawoonni isiniif eeyyaman qofa.
- Yoo aangawoonni biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan akka qorattu murteessan, aangawoonni imala keessan gara biyya sanaa ni qopheessu.

## ADEEMSA KANA IRRATTI MAALTU ISIN IRRAA EEGAMA?

Dirqama:

- ✅ Hanga iyyanni keessan galmaa'utti biyya kana keessa turaa.
- ✅ Yeroo darbe viizaan ykn eeyyamni jireenyaa isiniif kenname yoo ta’e, erga achi geessee booda biyya isiniif kenne keessatti kooluugaltummaa gaafadhaa.
- ✅ Eenyummaa keessan mirkaneessuuf sanada qabdan hunda dhiheessaa. Yoo sanada eenyummaa qabaattan garuu isin bira hin jiru ta'e ammas yeroo darbe mootummaan biyya keessan keessa jiruun tokko akka isiniif kenne aangawootaaf beeksisuu qabdu.
- ✅ Yeroo gara biyya EU+ biraa deemtan kamiyyuu aangawootatti beeksisaa.
- ✅ Yoo eeyyama malee biyya EU+ keessa turtan aangawoota beeksisaa.
- ✅ Waa’ee maatii dhiyoo biyya EU+ kan biraa keessatti qabdan kamiyyuu aangawootaaf beeksisaa.

❗ **MURTEESSAA!** Ashaaraa qubaa keessan kennuu fi suuraan keessan akka kaafamu seeraan dirqama qabdu.

## SANADOOTA KAM AGARSIISUU QABDU?

Sanadoota of harkaa qabdan aangawootatti agarsiisaa:




- sanadootaeenyummaa keessanii (ragaa dhalootaa, paaspoortii, waraqaa eenyummaa)



- miseensota maatii dhiyoo biyyoota EU+ keessa jiran (sanadoota oofishaalaa, ragaa quunnamtii qabdan)




- turtii kanaan dura biyyoota EU+ keessatti (eeyyama jireenyaa, viizaa irratti hundaa’uun ykn dippiloomaa mana barumsaa ykn yunivarsiitii argattan)


Odeeffannoo kana yeroo gabaabaa keessatti kennaa. Haala kanaan, biyyi EU+ iyyata keessaniif itti gaafatamummaa qabdu saffisaan adda baafamuu danda’a.

## ASHAARAA QUBAA FI SUURA KENNUUF MAALIIF DIRQAMTU?



Angawoonni biyya kana keessa jiran ashaaraa qubaa fi suuraa keessan ni fudhatu. Daataan kun odeeffannoo eenyummaa keessanii fi odeeffannoowwan barbaachisoo biroo waliin gara kuusdeetaa Awurooppaa waliinii Eurodac jedhamutti ni darba.

Kuusdeetaan kun biyyoota EU+ 31 hundaan kan fayyadamu yoo ta'u, isaanis daataa keessan adeemsisuun odeeffannoo keessan argachuu danda'u. Yoo eeyyama malee gara biyya EU+ kan biraatti deemtanii fi ashaaraan qubaa keessan irra deebi'amee fudhatame, daataa keessan kan Eurodac keessatti kuufame hundi aanga'oota biyya sanaatti ni mul'ata.




Odeeffannoon dabalataa waa'ee kuusdeetaa Eurodac barruu addaa biraa keessatti kennameera.

## DIRQAMOOTA KEESSAN YOO HIN KABAJNE MAALTU DHUFA?



Yoo aangawoota waliin tumsa hin goone, kun iyyata keessan irratti dhiibbaa hamaa qaba.

Yoo ashaaraa quba keessanii hin kennine ta'e, aangawoonni kana booda kooluugaltummaa Awurooppaa keessatti fedhii akka hin qabne yaaduu danda'u. Iyyata keessan qorachuu ni dhiisu, kana booda biyya sana keessa turuuf mirga hin qabdan jechuudha.




Yoo eeyyama malee gara biyya EU+ kan biraa deemtan ykn biyya EU+ adda ta'etti eegumsa idil-addunyaa argachuuf iyyattan, gara biyya EU+ kan iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti deebi'uun keessan hin oolu.

Biyya EU+ keessatti argamuun isin irraa eegamu irraa kan hafe yoo argamtan bilisummaan keessan daangeffamuu fi deeggarsa xiqqaa argachuu dandeessu.

# TO'ATAMUU JECHUUN MAALI?

To'atamuua jechuun bakka murtaa'aa bilisaan bahuu hin dandeenye keessa kaa'amuu jechuudha. Aangawoonni sababa sirrii ta'e qabaachuu qabu. Dhimma keessan irratti filannoo biraa akka hin danda'amne mirkaneeffachuu qabu. Angawoonni murtoo osoo hin kennin dura haala dhuunfaa keessan ni madaalu.  Sababoonni to'atamuu fakkeenyaaf:



- dhimmoota barbaachisoo iyyata kooluugaltummaa keessanii (fakkeenyaaf eenyummaa keessan) osoo hin to'atamiin mirkanaa'uu hin danda'an
- dirqama bakka murtaa'e tokko keessa turuu yoo hin kabajne, ykn balaan isin deebitanii baqachuu fi aangawoonni isin argachuu yoo dadhaban
- murtii gara EU + biyya iyyata kooluugaltummaa keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti akka jijjiiramtan argattan fi jijjiirraa dura balaan isin baqattan jira
- balaa nageenyaa yoo fiddan.

Yoo to'atamtan murtii sanatti ol iyyannoo dhiyeessuun gargaarsa seeraa fi bakka bu'ummaa bilisaa gaafachuu ni dandeessu.

**MURTEESSAA !** Eeyyama malee gara biyya EU+ kan biraa yoo deemtan gara fuulduraatti balaa to'atamuu keessan ni dabala.

# AANGAWOONNI BIYYI EU+ KAM IYYATA KEESSAN AKKA QORATU AKKAMITTI MURTEESSU?

Yoo kun biyya EU+ keessatti eegumsa idil-addunyaa argachuuf iyyata keessan isa jalqabaa ta’e, sababoonni biyyi EU+ murtaa’e tokko iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabaachuu danda’u hedduudha.

## 1) Hidhoo maatii



Sababni jalqabaa fi inni guddaan miseensi maatii dhiyoo ta’e tokko dursee eegumsa idil-addunyaa argateera ykn yeroo ammaa biyya EU+ kan biraa keessatti eegumsa idil-addunyaa argachuuf iyyachaa jira, akkasumas iyyanni eegumsa idil-addunyaa keessan osoo hin qoratamiin dura isaan waliin walitti makamuu qabdu.

Miseensonni maatii dhiyoo kanneen kana:

- abbaa manaa ykn haadha manaa
- jaalallee wal hin fuune kan hiriyyummaa tasgabbaa'aa waliin dabarsitan
- daa'ima keessan (waggaa 18 gadii fi kan gaa'ila hin dhaabbanne)

**MURTEESSAA!** Naannoo biyyoota EU+ osoo hin seeniin dura nama sana waliin hariiroo akka qabdan daftanii mirkaneessuu danda’uu qabdu. Yeroon kun imala biyya dhaloota keessanii irraa taasifamu dabalatee ta’uu danda’a.

Yoo miseensa maatii biyya EU+ kan biraa jiraatu qabaattan, karaan odeeffannoo itti kennitan inni gaariin unka‘**caasaa hordoffii maatii**’ jedhamu guutuudha. Yoo miseensi maatii keessan biyya EU+ biraa jiraatu qabaattan fi unka kana ammallee hin arganne ta’e, qondaala ykn gorsaa seeraa keessan waliin haasa’aa. Akkasumas unka guutuuf isin gargaaruu danda’u.

Miseensota maatii wajjin walitti deebi’uu akka dandeessan odeeffannoo bal’aa kutaa mata duree ‘**Biyya EU+ kan biraa keessatti maatii akka qabdan mirkaneessuuf ragaa akkamii dhiyeessuu dandeessu?**’ jedhu keessatti argachuu dandeessu.

## 2) Eeyyama biyya EU+ tokkoseenuu

Biyyi EU+ tokko iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabaachuu dandeessi yoo:




- biyya EU+ sana keessatti viizaa ykn eeyyama jireenyaa qabaattan
- biyya EU+ kan biyyi dhaloota keessan biyya sana waliin waliigaltee waan qabduuf viizaa malee akka seentan isiniif eeyyamame.

## 3) Sadarkaa barnootaa ykn dippiloomaa



- Yoo xiqqaate waggaa barnootaa tokkoof biyya EU+ keessatti dhaabbata barnootaa keessatti qaamaan erga barattanii booda gahumsa ykn dippiloomaa yoo isiniif kennite.

## 4) Biyya EU+ tokko sirnaan ala seenuu

Biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabaachuu dandeessi yoo:



- daangaa alaa biyyoota EU+ keessaa tokkoo eeyyama malee qaxxaamurtan



- imala gara Awurooppaatti gootan irratti aangawoota biyya EU+ tokkootiin galaana keessatti yoo baraaramtan



- biyyoota EU+ keessaa tokko keessatti naannoo qaxxaamuraa buufata xiyyaaraa keessatti eegumsa idil-addunyaa argachuuf iyyata yoo dhiheessitan.

## 5) Kunuunsituu fi miseensa maatii hirkataa ta'e walitti makuu

Kunuunsa miseensa maatii biyya EU+ biraa keessa jiru irratti yoo hirkattan ykn miseensa maatii biyya EU+ keessa jiru kan kunuunsa keessan irratti hundaa'e qabaattan.



Miseensi maatii hirkataa ta'e sababa kanneeniif deeggarsa barbaaduu mala:

- ulfa
- daa'ima reefuu dhalate qabaachuu
- dhukkuba sammuu ykn qaamaa cimaa
- qaama miidhamummaa cimaa
- miidhaan xiinsammuu cimaa ta'e
- dulloomuu.

Haala hirkattummaa yoo ta'e, nama hirkattummaa qabu kunuunsuu akka dandeessan ykn miseensi maatii keessanii isin kunuunsuu akka danda'u agarsiisuu danda'uu qabdu.

## 6) Sababoota namoomaa

Biyyi EU+ iyyata keessan qorachuu akka dandeessu sababni namoomaa jiraachuu danda'a. Kunis sababoota armaan gadii irratti hundaa'uu danda'a:

- ilaalcha maatii
- ilaalcha hawaasummaa
- ilaalcha aadaa.

Biyyi EU+ kan biraa sababoota armaan oliitiin iyyata keessan akka qorattu gaafachuun ni danda'ama garuu murtoon dhumaa kan aangawoota biyya sanaa ta'a.

# BIYYI EU+ KAM IYYATA KEESSAN AKKA QORATU HUBACHUUF GARGAARUUF AF-GAAFFII GAAFATAMUU DANDEESSU

Yoo kun yeroo jalqabaaf kooluugaltummaa iyyattu yoo ta’e, aangawoonni af-gaaffii dhuunfaa mijeessuu qabu.

**MURTEESSAA!** Kun af-gaaffii kooluugaltummaa hin ta'u. Af-gaaffiin kun biyyi EU+ kam iyyata keessan qorachuu akka qabdu murteessuuf kan akeekedha.

**Af-gaaffiin kun kaayyoowwan gurguddoo afur qaba:**

- odeeffannoo aangawoonni biyya itti gaafatamummaa qabdu EU+ irratti murteessuuf gargaaru walitti qabuuf
- hojimaanni biyya itti gaafatamummaa qabdu EU+ murteessuu akkamitti akka raawwatamu gaaffii yoo qabaattan akka gaafattan isin taasisa
- odeeffannoo barruu kana keessa jiru kamiyyuu ilaalchisee gaaffii akka gaafattan isin taasisuufi
- sababoonni gara biyya EU+ biraatti jijjiiramuu hin qabne ykn biyya kana keessa akka turtan isiniif eeyyamamuu qaban jiraachuu isaanii isin gaafachuuf.

Af-gaaffiin afaan isin sirriitti hubattaniin ta'a. Gaaffii fi deebii kan godhu fi hiikkaan afaanii, saala murtaa’e akka ta’u yoo barbaadde, maaloo yeroo gaaffii fi deebiidhaaf waamamtu kana ibsi. Tajaajilli Immigireeshinii Deenmaark yoo danda’ame kana deeggaruuf ni yaala.



Odeeffannoon isin kennitan keessaa tokkollee mootummaa ykn aangawoota biyya keessaniif hin qoodamu.

Yeroo af-gaaffii sanatti wanti ifa hin taane yoo jiraate gaaffii gaafachuu dandeessu. Waan hundumaa hubachuun keessan isiniifi qondaalaaf barbaachisaa waan ta'eef yeroo hunda gaaffiin ni simatama.



Sagaleen af-gaaffii waraabamee waan dubbatama akkasumas cuunfaan barreeffamaan isinitti agarsiifama.

Cuunfaa barreeffamaa af-gaaffii dhuunfaa keessanii erga fudhattanii booda odeeffannoon sun kamiyyuu sirrii miti jettanii yoo yaaddan fi fooyyessuu yoo barbaaddan, akkas gochuuf gaafachuu dandeessa.

Tajaajila Immigireeshinii Deenmaark www.nyidanmark.dk/KontaktAsyl, ykn koodii QR armaan gadii irratti qunnamuu dandeessu.

Yoo barbaachisaa ta'e, ammallee af-gaaffii booda sanadoota dabalataa kennuu dandeessu ykn sababoota gara biyya EU+ kan biraatti jijjiiramuu akka hin qabne agarsiisu dhiyeessu dandeessu.

Ammas odeeffannoo ykn sanada hanga ammaatti hin galchine yoo qabaattan, aangawootaaf dhiyeessu qabdu.

Odeeffannoo ykn galmeewwan Tajaajila Immigireeshinii Deenmaarki tti erguu qabda.

Galmeewwan jalqabaa, gara Immigireeshinii Deenmaark teessoo kanaan ergamu qaba: Farimagsvej 51A, 4700 Næstved.

Galmeewwan fi odeeffannoo hafan immoo karaa elektirooniksii marsariitii kanaan erguu ni dandeessa: www.nyidanmark.dk/KontaktAsyl, ykn koodii QR armaan gadiitti fayyadamuun

## AF-GAAFFIIN YEROO HUNDA NI GAGGEEFFAMAA?

Yoo kun yeroo jalqabaaf kooluugaltummaa iyyattu yoo ta’e aangawoonni ammallee af-gaaffii dhuunfaa akka hin raawwanne filachuu danda’u yoo:

- biyyi EU+ iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdu beekama ta'e
- isaan duraanuu biyyi EU+ kamtu iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa akka qabu murteessuuf odeeffannoo gahaa qabaatan
- kanaan dura maaliif akka hirmaachuu hin dandeenye aangawootatti osoo hin himin af-gaaffii irraa haftanii yoo jiraattan
- aangawoota qunnamuu yoo dadhabdan.

Yoo af-gaaffiin hin qophoofne ta'e akka qophaa'u gaafachuu dandeessu. Qondaaltonni dhimma keessan ilaaluuf odeeffannoo gahaa qaba jedhanii yoo yaadan gaaffii kana diduu danda’u garuu sababa af-gaaffii sana gaggeessuu dhabuu isaaniif dhiyeessuu qabu.

Yoo beellama qabachuu barbaaddan, Tajaajila Immigireeshinii Deenmaark www.nyidanmark.dk/KontaktAsyl irratti qunnamuu dandeessu, ykn koodii QR armaan gadii fayyadamuun.

Yeroo beellama gaafattu, sababa maaliif haasa’a barbaadde ifatti barreessuu hin dagatin.

## BIYYA EU+ KAN BIRAA KEESSATTI MAATII QABAACHUU KEESSAN MIRKANEESSUUF RAGAA AKKAMII DHIYEESSUU DANDEESSU?

Karaan hundarra gaariin miseensa maatii keessanii irratti odeeffannoo kennuudhaaf unka ‘**caaseffama hordoffii maatii**’ jedhu guutuudha.

Kana malees, sanadoota mootummaa oofishaalaa hariiroo keessan mirkaneessuu danda’an kamiyyuu dhiheessaa. Akkasumas ragaa gosa biroo, fakkeenyaaf ragaa miseensa maatii keessanii wajjin wal qunnamtii akka qabdan agarsiisu kan akka suuraa, iimeelii ykn ergaa barreeffamaa kennuu dandeessu.



Yoo waa’ee hariiroo keessanii ragaa hin qabne ta’e, aanga’oonni qorannoo DNA akka gootan isin gaafachuu danda’u, kunis firooma akka qabdan mirkaneessuu danda’a.

Miseensa maatii keessanii wajjin walitti dhufuu kan dandeessan yoo lamaan keessan iyyuu walitti dhufuu akka barbaaddan barreeffamaan ibsitan qofa. Yoo dandeessan sanada kana Afaan Ingiliffaatiin dhiyeessuuf yaaluu qabdu.

Odeeffannoo kana dafaa qopheessuu jalqabaa.



Adeemsa maatii walitti makamuu irratti gaaffii dabalataa yoo qabaattan ykn gorsa yoo barbaaddan gorsaa seeraa irraa gargaarsa gaafachuu dandeessu.

Yoo miseensa maatii biyya EU+ biraa keessa jiraatan garuu isaan waliin qunnamtii dhabdan, dhaabbileen isaan argachuuf isin gargaaruu danda’an jiru.

Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun dhaabbilee kana qunnamuu dandeessu: Tajaajila Hordoffii Fannoo Diimaa: tracing@rodekors.dk ykn bilbila 35 25 92 00.

# ADEEMSICHI YEROO HANGAMII FUDHATA?



Qunnamtiin biyyoota gidduu jiru yeroo baayyee **ji'a 1 fi walakkaa** hanga **ji'oota 3** gidduutti kan fudhatu yoo ta'u, kun garuu haala keessan irratti hundaa'uun **yeroo dheeraa fudhachuu** danda'a.



Biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan akka qoratttu yoo mirkaneessite, guyyaa gaaffii usin jijjiirraa fudhattan irraa eegalee **ji'oota 6** keessatti ni jijjiiramtu.




Gaaffiin sun miseensa maatii biyya EU+ kan biraa keessa waan qabdaniif yoo ta'e, jijjiirraan sun **dursa ni ilaalama**



Yoo yeroo ammaa **hidhamtan ykn gara fuulduraatti hidhamtu ta'e**, dhimmi keessan **hatattamaan ilaalama**. Jijjiirraan keessan **torban 5** keessatti qindaa'uu qaba. Torban 5 keessatti jijjiirraan yoo hin raawwatamne hidhaa irraa ni hiikamtu. Haa ta'u malee jijjiirraan keessan ammas guyyaa biyyi EU+ iyyata kee qorachuuf itti gaafatamummaa fudhate irraa eegalee **ji'oota 6 keessatti** kan qophaa'u ta'a

Yoo yakka raawwattanii mana hidhaa keessa jirtu ta'e yeroon jijjiirraadhaaf murtaa'e hanga **waggaa 1tti ol guddachuu** ni danda'ama.




**MURTEESSAA!** Yoo miliqxan, dhokattan ykn qaamolee gurmaa'ina jijjiirraa keessatti argaman waliin tumsa hin gootan ta'e, **yeroon jijjiirraa sanaa hanga waggaa 3 tti ol guddachuu** danda'a.

## YOO DURAAN DURSITANII BIYYA EU+ KAN BIRAA KEESSATTI EEGUMSA IDIL-ADDUNYAA ARGACHUUF IYYATTANIITTU TA'EE HOO?

Eegumsa idil-addunyaa biyya EU+ tokko keessatti qofa iyyachuutu isiniif eeyyamama. Yoo duraan dursitanii biyya EU+ kan biraa keessatti eegumsa idil-addunyaa argachuuf iyyattanii jirtu ta’e, gara biyya EU+ kan iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti deebifamtu.

Biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa akka qabdu odeeffannoon agarsiisu yoo jiraate, beeksisni biyya sanaaf ni ergama. Biyyi EU+ sun iyyata keessan akka qoratu yoo mirkaneessite, **murtiin jijjiirraa** murtiin jijjiirraa biyya EU+ kamitti akka jijjiiramtan isiniif kennama.

Yoo kun yeroo jalqabaaf eegumsa idil-addunyaa iyyachuu keessan hin taane, ykn biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa akka qabdu dursee murtaa’e, aangawoonni af-gaaffii dhuunfaa isin waliin gochuu dhiisuu danda’u.

Haa ta'u malee, maaliif gara biyya sanaatti jijjiiramuu akka hin qabne ykn maaliif akka biyya kana keessa turtu eeyyamamuu akka qabdan ibsuuf carraa ni argattu.

Odeeffannoo akkaataa odeeffannoo kana itti kennitan armaan gadii argachuu dandeessu:

Tajaajila Immigireeshinii Deenmaark fayyadamuuf, www.nyidanmark.dk/KontaktAsyl qunnamaa, ykn koodii QR armaan gadii fayyadamaa

## MURTOON ERGA MURTAA'EE BOODA MAALTU TA'A?

Murtiin jijjiirraa biyya EU+ kan biraa akka geeffamu yoo isin qaqqabe, mirgoonni keessan tokko tokko ni haqamu, fakkeenyaaf:

- **tajaajilaa fi gosoota deeggarsa hedduu hin argattan**
- **hojjechuu** ykn **barnoota hordofuun**isiniif hin eeyyamamu.







Jijjiirraan kun guyyaa biyyi EU+ iyyata keessan qorachuuf mirkaneessite ykn fudhatte irraa eegalee ji'oota 6 keessatti raawwatamuu qaba.

Yoo to'atamtan dhimmi keessan hatattamaan ilaalama. Jijjiirraan keessan torban 5 keessatti qindaa'uu qaba. Torban 5 keessatti jijjiirraan yoo hin raawwatamne hidhaa irraa ni hiikamtu.

Jijjiirraan keessan ammallee guyyaa biyyi EU+ iyyata keessan qorachuuf mirkaneessite ykn fudhate irraa eegalee ji'oota 6 keessatti ni qophaa'a.

Yoo yakka raawwattanii mana hidhaa keessa jirtu ta'e, yeroon jijjiirraa hanga waggaa 1tti guddachuu danda'a.

**MURTEESSAA!** Yoo miliqxan ykn aangawoota waliin tumsuu baatttan, y**eroon jijjiirraa hanga waggaa 3tti guddachuu danda'a**.

# YOO MURTOO DABARSAATTI WALIIGALUU BAATTAN MAALTU TA'A?



Biyyi EU+ kan biraa iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa akka qabdu yoo murtaa'e **murtii jijjiirraa** isin qaqqaba. Murteen kun biyya kamitti akka jijjiiramtan isin beeksisa.

Murtii jijjiirraa irratti yoo walii hin galle sababa keessan mana murtiif dhiyeessu dandeessu. Kunis ol iyyannoo dhiyeessu jedhama. Murtii tokko yeroo ol iyyannoo dhiheessitan manni murtii murtii isa dhumaa ni kenna.

Murtii jijjiirraa irratti ol'iyyannoo dhiheessuuf sababoonni sadii qofa:

- gara biyya addaa EU+ sanaatti dabarfamuun mirga namoomaa keessan kan faallessu ta'a yoo ta'e
- odeeffannoon haaraan yeroo murtii jijjiirraa sanatti hin argamne kan murtii sana irratti dhiibbaa uumuu danda'u yoo jiraate
- biyya EU+ kan biraa keessa maatii qabdu kan isaan waliin deebitee walitti makamuu qabdu.




Gorsaa seeraa mataa keetii qacaruuf humna yoo hin qabaanne, gorsaan seeraa ol iyyannoo irratti bilisaan isin gargaaru ni kennama.

Adeemsa kana hunda keessatti namni afaan hiiku afaan isin hubachuu dandeessan dubbatuun isiniif deeggarama.

## YEROO DHIIBBAAN RARRA'UU FI OL IYYANNOON QABATAMAA WALITTI DHUFU WAA'EE OL IYYANNOO WANTA BEEKUU QABDAN

Yeroon, eessatti fi akkamitti ol iyyannoo akka dhiheessitan murtii jijjiirraa isiniif kenname keessatti ni ibsama.

Murtee gara biyya EU+ biraatti isin dabarsuu irratti sababa ykn sababoota walii hin galleef kennuu qabdu.

Akkasumas sababa ykn sababooya gara biyya EU+ kan iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti osoo ol iyyannoo keessan itti fufee jiruutti akka hin jijjiiramne ibsuu qabdu..

Manni murtichaa jalqaba iyyannoon keessan osoo itti fufee jiruu **ji'a 1** keessatti bu'aa ol'iyyannoo biyya kana keessatti eeguu akka dandeessan murteessa. Kunis ol iyyannoo bu'aa rarra'uu irrattii jedhamuun beekama.

Manni murtii bu'aa ol iyyannoo biyya kana keessatti eeguu akka hin dandeenye yoo murteesse, iyyanni keessan osoo itti fufee jiruu gara biyya EU+ iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti ni dabarfamtu.

Manni murtichaa yeroo ol iyyannoon keessan itti fufee jiruutti biyya kana keessa akka turtu isiniif eeyyamamuu qaba jedhee yoo murteesse, manni murtichaa guyyaa murtiin bu'aa addaan cituu kenname irraa eegalee ji'a 1 keessatti gara biyya EU+ iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti jijjiiramuu akka qabdan murteessuuf ni yaala.

Yoo ol'iyyannoon keessan fudhatama hin arganne, gara biyya EU+ kan iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti ni dabarfamtu. Jijjiirraan kun guyyaa manni murtii murtii dhumaa kenne irraa eegalee ji'oota 6 keessatti raawwatamuu qaba.

Yoo yeroo ammaa hidhamtanii jirtu ta'e ykn gara fuulduraatti hidhamtu ta'e, dhimmi keessan hatattamaan ilaalama. Jijjiirraan keessan torban 5 keessatti qindaa'uu qaba. Torban 5 keessatti jijjiirraan yoo hin raawwatamne hidhaa irraa ni hiikamtu. Haa ta'u malee, jijjiirraan keessan ammallee guyyaa biyyi EU+ iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdu gaaffii fudhatte irraa eegalee ji'oota 6 keessatti ni qophaa'a.

**MURTEESSAA!** Angawoota waliin tumsuu fi gara biyya EU+ kan iyyata keessan qorachuuf itti gaafatamummaa qabdutti imaluu qabdu.

## DAATAA DHUUNFAA AKKAMIITU WALITTI QABAMA?



Qondaaltonni biyya EU+ keessa jirtan odeeffannoo murtaa’e walitti ni qabu, kanneen armaan gadii dabalatee:

- Odeeffannoo dhuunfaa keessanii fi kan miseensota maatii isin waliin imalan (maqaa, lammummaa, guyyaa fi bakka dhalootaa). Yoo kanaan dura maqaa fi ibsa adda addaa fayyadamtan ta'e waa'ee sanaa isin gaafatu.
- Odeeffannoo waa’ee eenyummaa fi sanada imala keessanii.
- Odeeffannoo biroo eenyummaa keessan mirkaneessuu danda'u kan akka ashaaraa quba keessanii kamiyyuu.
- Ibsa waa’ee miseensota maatii kamiyyuu biyya EU+ biraa jiraatan, kan akka odeeffannoo dhuunfaa isaanii, yeroo dhumaafyoom akka wal qunnamtan, bakka isaan jiranii fi haala seeraa isaanii.
- Ibsa waa’ee sanadoota qabdan kamiyyuu kan biyya EU+ keessa jiraachuuf isin dandeessisan yoo kun dhimma keessan irratti raawwatiinsa qabaate.
- Odeeffannoo sanadoota biyya EU+ keessatti waggaa tokkoo ol akka barattan agarsiisan.
- Odeeffannoo waa'ee biyyoota kam keessa deemtanii biyya kana akka geessan.
- Haala dhuunfaa keessanii.
- Guyyaa iyyannoowwan eegumsa idil-addunyaa kanaan dura dhiyaatan kamiyyuu fi bu’aa iyyannoowwan sanaa.

## DAATAA DHUUNFAA KEESSANIIN WALQABATEE MIRGOONNI KEESSAN MAALI?

Daataa aangawootaaf kennitan kamiyyuu argachuuf mirga qabdu.

Yoo daataa dhuunfaa keessan kamiyyuu sirrii miti ykn seeraan hin hojjetamne jettanii amantan, daataa sirrii hin taane akka sirreeffamu ykn daataa seeraan ala hojjetame akka haqamu gaafachuuf to’ataa daataa qunnamuudhaan daataa dhuunfaa keessan argachuuf gaafachuu dandeessu.

Odeeffannoo armaan gadii fayyadamuun to’ataa daataa biyya kana keessa jiru qunnamuu dandeessu.

www.nyidanmark.dk/da/Kontakt-os/Kontakt-Udl%C3%A6ndingestyrelsen/Kontakt-DPO

Barruun kun kaayyoo odeeffannoo qofaaf kan qophaa’edha. Ofii isaatii mirga ykn dirqama hin uumu. Ejensiin Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa (EUAA) qaama ijoo meeshaa kanaa kan kenne yoo ta’u, barruu kana baay’isuu fi jijjiiruun Biyyoota Miseensota Gamtaa Awurooppaa qofaaf EUAA tiinn eeyyamameera. EUAA odeeffannoo barruu kana keessatti Biyya Miseensa Gamtaa Awurooppaatiin itti dabalaman sirrii ta’uu, qabiyyee, guutummaa, seera qabeessummaa ykn amanamummaa isaatiif itti gaafatamummaa hin fudhatu EUAA nis ta’e namni EUAA bakka bu’ee hojjetu kamiyyuu odeeffannoo barruu kana keessatti argamutti fayyadamuu danda’uuf itti gaafatamummaa hin qaban.

© Ejensii Koolugaltummaa Gamtaa Awurooppaa, 2025